Iyyannoo koolu galtummaa keef yoo diddaa argatte

Akka carraa ta'ee, Home Office iyyannoo koolu galtummaa irra hedduu ni kuffisa. Iyyannoon koolu galtummaa Dhibbeentaa 65-75% Home Office dhaan diddaa argatu.

Iyyannoon Koolu galtummaa keetiif Home Office yoo diddaa siif kenne ta'e ammas irra deebiidhaan yaaluu fi gorsa seera argachuu qabda.

Yoo Abukaatoo hin qabdu ta'e, wontoota mataa keetiin raawwaachuu qabdutu jira kunis gargaarsa hiriyyoota ykn namooota sitti dhiyaataniin ta'uu mala.

Namonni hedduun yoo iyyannaan koolu galtummaa isaan jalaa kufe ykn diddaa argatan mirga iyyannoo galfachuu qabu. Kana jechuun dhimma koolu galtumma isaanii sana gara mana murtii

(''First-Tier Tribunal") jedhamutti iyyachuudha.

Deebitee ol iyyachuudhaaf guyyaa Home Office diddaa siif kenne irraa kaastee guyyoota 14 keessatti xumuruu qabda.

Namoonni hedduun murteen inni duraa yoo diddaa ta'e Abukaatoon isaanii akka kana booda bakka isaan hin buune itti dubbata. Kunis jabeenna Iyyannoo koolu galtummaa seeraan wal bira qabanii cimaa ta'uu fi dhabuu isaa laaluudhaan.

Hiriyyoota kee woliin haala keessa jirtuu ibsuudhaa fi namoota waa'ee koolu galtummaa biyya UK haalaan beekan woliin maria'achuun hedduu si gargaara. Dadhabinni iyyanni kee qabu maali? Akka dhugaa dubbachutti jirtu fi akka biyyatti deebi'uu hin dandeene raga dabalataa biyyarra ergisiisuu dandeetta? Abukaatoo haara qabataarta yoo ta'e dhimma koolu galtummaa kee karaa gaarii ta'een dhiyeeffadhu.

Mana murtiitti, si'ii Abukaatoo kee(qabda yoo ta'e) taatanii Home Office dogongoraan iyyaata kee kuffisuu isaa mormaachuudhaan akka Koolu galtummaan biyya UK tti siif kennamuun irra jiru dubbattu.

Mormiin kunis kan adeemsifamu Abbaa alangaa fulduratti, innis Home Office irraa bilisa.

Home Office nis bifuma wal fakkaatuun akka ati koolu galtummaa hin argannee fi siifis akka hin malle mormii dhiyeessuudhaaf bakka bu'aa ofii gara mana murtiitti ni ergata (inni kun yeroo hundaa ta'uu dhabuu mala).

Adeemsi ol iyyannoo keetii uummataf banaa ta'a (dhimmoonni uf eeggannoo barbaachisan kan jiran waan ta'eef yoo uummata jalaa dhoksaan akka geggeeffamu murtaahe malee). Kanarraa muuxannoo barbaadda taanan iddoo ol iyyannoo mana murtii sana deemtee ilaaluudhaan muuxannoo argachuus dandeetta si gargaara yoo ta'eef.

Gaafa ol iyyannoo galfatte irraa kaaftee ji'oota hedduuf turuu dandeetta kunis hanga mormiidhaaf manni murtii si affeeruuf.

Guyyaa mana murtiitti ol iyyannoon kee dhagahamu yoo xiqqaate hanga sa'aatii lamaa turuu mala.

Guyyaadhuma sanatti murtii ol iyyannoo sanaa Abbaa murtii irraa dhagahuu hin dandeettu. Murtii sana barreeffamaan torbaanota muraasa booda xalayaadhaan siif ergama. Abukaatoo qabda yoo ta'e murtiin Koolu galtummaa keetii gara isaatti ergamee karaa isaatiin akka si dhaqqabu taasifama.

Abbaan alangaa Iyyannoo kee kan kuffise yoo ta'e ammas carraa gorsa seeraa argachuu malta. Kunis ol iyyannoo mana murtii ol aanaatti ergachuudha. Inni Kun Abukaatoo hin qabdu yoo ta'en kana gochuun rakkisaadha.

Yoo mirga ol iyyachuu hin qabdu ta'e

Iyyanni Koolu galtummaa Home Office dhaan yoo diiddaa argate Iyyattoonni koolu galtummaa galfatan hundi mirga ol iyyannoo hin qaban.

Home Office dhimma koolu galtummaa kee laaluudhan ati biyya nagayaa irraa dhufte ykn biyya UK keessa osoo koolu galtummaa hin iyyatin yeroo dheera turteetta taanan iyyannaan kee kan bu'ura ykn haqa hin qabneedha siin jechuu malu. Haala kana keessatti mirgi ol iyyannoo keetii kan uggurameedha. Haa ta'uu garuu biyya dhalootaa kee irraa iyyachuu dandeetta garuu kana gochuun waan hedduu rakkisuudha.

Home Office yoo Iyyannaan kee bu'uura hin qabu siin jedhe, kun dogongora ta'uusaa fi kana waan mormattuun agarsiisuu qabda. Biyyi ati irraa dhufte biyya nageenya qabdu yoo ta'e haalli achi jiru maaf si qofaaf akka rakkisaa ta'e ibsuu qabda.

Gargaarsi seeraas siif kennamuu mala. Kanneen keessaa inni tokko (judicial review) jedhama, dhimma kana ilaalchisee abukaatoo kee wojjiin mari'achuudhaan filannoo qabdu yaaluun bayeessa.